GATII JAALALLI BAASU

(Kuusaa Walaloo)

Barreessaan:-

Wabii Xilaahuun Tafarraa

Finfinnee; Oromiyaa

2022

©Mirgi barreessaa seeraan eegamaadha; Kitaaba kana eeyyama barreessichaatiin alatti maxxansuu, raabsuuf abbummaa itti fudhachuun seeraan nama gaafachiisa!

Teessoo barreessaa:-

Email: wabioromiya44@gmail.com

Fuul-Barruu: WabiTilahun

Gulaaltonni:-

Mootii Deeddee (Barsiisaa yunvarsiitii Amboo PHD)

Bilisummaa Shibbiruu (Waloofi barreessaa)

YAADANNOO

Warra bilisummaa, walabummaafi birmadummaa Oromoofi Oromiyaaf wareegamaa tureefi jiraniif haataatu.

GALATA

Xiyya meeqa jalaa kan nama baasu uumaa oromoon, "GURRAACHA GARAA GARBAA" jedhee waammatu waaqa tokkicha; galatni kan uumaakooti. Itti aansuun, kan warra qubee bocee nudhalchiseedha. Warri hojii kana naaf qaqqajeelchitanis galata nabiraa qabdu.

Qabiyyee **Fuula**

YAADANNOO I

GALATA I

SEENSA V

1. Hin Quufnu-Hin beelofnu 1
2. Lukkuu 2
3. Gogorrii 3
4. Bineensummaa 4
5. Joobira 5
6. Warra duuti Nyaatte 6
7. Awwaala Keessan Oola 8
8. Lola Jaarsaaf Jaartii 10
9. Callisuu Namootaa 11
10. Kormaakoo 13
11. Tiksee Dhugaa 15
12. Jecha dhugaa dhabne 17
13. Madaa Lafa Kanaa 19
14. Du'a Har'aaf kaleessaa 20
15. Nama Kaayyoo 22
16. Fedhiikee 23
17. Ol Ba'ii Mulladhu! 24
18. Geeraraa 25

19. Saree 26
20. Waraana Nageenyaa 27
21. Gaararummaa 28
22. Itti Fafakkaata 29
23. Atumti Deemi Malee 30
24. Ka'ee'tan Du'ee Gala 31
25. Giddu Gala Dhugaa 32
26. Teessoo Dhugaa 33
27. Jaalala 34
28. Walii Galtee 36
29. Naan Se'iin of Jaallataa 38
30. Olaantummaa Qawwee 40
31. Maal ta'inna Laata? 41
32. Biiftuu 43
33. Yaa Dachee 45
34. Dhugaa Ifa Biiftuu 47
35. Mana Hin bultu 48
36. Du'a Jalli Jireenya 49
37. Agartuu 50
38. Murannoo 51
39. Waa'eekoo 52
40. Wal beekna 53

41. Nu lamaan 54
42. Galata 55
43. Gatii Jaalalli Baasu..... 56
44. Obsa 58
45. Waan Siin Jedhan..... 59
46. Si Malee... 61
47. Xurii Seenaa..... 63
48. Waan Hin Oolle 64
49. Walumatti Waamamna..... 65
50. Fedhakee Lafa Kaa'i..... 67
51. Dhaloonni Deebii Qaba..... 68
52. Kan kee taanaan 69
53. Dhaala Abbaakeerraa Fuute 70
54. Haadha 72
55. Oromummaa 73
56. Raafamaa..... 74
57. Eenyummaa..... 75
58. Afaan Hunda dhungatu 76
59. Harka Lafeesaa Daake 77

SEENSA

Walaloon miiltoo qofa galeessaati. Jireenyi keenya (Kan Oromoo) walaloodhaan walitti hidhata qaba. Walaloon gaddisiisuu, gammachiisuu, qirqidee kofalchiisuu, jaalala uumuu, kaleessumtiifi boorumtaa keenya wal cina qabee wal ilaalchisuun, laphee duufe olqabee qajeelchuun, onnachiisuun hamileellee ta'ee abdii namatti hora. Afoolli oromoo kaleessaa walaloon badhaadhoodha. Dhaloonni keenya kun akka walaloowwan sanaallee waan walaleessu miti; garuu, niyaalla.

Akka sabootaafi biyyoota biroo carraawwan ittiin waloowwan oromoo jabaatanii ba'an hinjiru. Nuti, kan shaakalluufi ittiin dorgomnu dirreewwan sabaa himaalee fayyadamnurrattifi akkaatuma jireenya dhuunfaa keenyaan malee kanaa ala wanti biraa sagantaafi dhaabbanni waloowwan walitti fidee waltajjii tokkorra dhaabee, dorgomsiiseefi seecca'ee qulqulleessu hinjiru. Sanarra darbees akka madda galiif ta'uttillee mijeessuun silaa gaarii ture. Turus,Waan kun gara fulduraatti guyyaa eegee innuma dhufa.

Sana dhabaafis, walaloo barreessuu hindhaabnu. Karaama dandeenyeen nibarreessina. Walaloo bifa kitaabaan qindeessee uummataaf dhiyeessuun koo kana waliin 2ffaa dha. Walaloowwan mata duree *"GATII JAALALLI BAASU"* jedhu jalatti walitti qabe kun ergaawwan gama maraa of keessaa qabu. Isin dubbisaa;

yoo isinitti tole waliif qoodaa; yoo ija fuudhuu dide immoo yaada keessanis naaf kennuun gara fulduraatti "waan akkasii kana sirreessi" naan jedhaa!

ISINUU GALATOOMAA!

1. Hin Quufnu-Hin beelofnu

Kaanee nyaanne jennee
Maqaa beelaa dhiisnuu?
Moo kattaa walakkaa
Ho'ifannee ciifnu?

"Beelofne" yoo jenne
Eenyu nu dhaga'a?
Utuu kaanee himannees
Himanni eessa ga'a?

Moo "hin quufnu,hin beelofnu"
Jennee kaanee himannu
Eenyutti himachuuf,
Eenyuun haa ammannu?

Beelaaf beela miti
Quufas hin fakkaatu
Inni dhugaa qaba
Kan lachuu himatu!

2. Lukkuu

Gaafan dura arge
Yeroosheen iyyitu
Koochoo rurukkuttee
"Bari'eera" jettu
Kan namni hin dhageenye
Yoo sheen barii himtu...

Ganama utuun rafuu
Hirribarraa kaatee
Warra ishee dhaga'u
Hunda dammaksitee

Ofii utaaltee buutee
Kosii keessa fiigdu
Yeroosheen ajaa'aa
Miillaan qottee diigdu

Tortoraa funaantee
Hunda waliin dhooftu
Ajaa'aa erga nyaattee
Maaliif hin ajooftu?

Akkamis iyyitu
Akkamis agartu
Dhumti lukkuu manaa
Aalbeerra hin dabartu!

3. Gogorrii

Lukkuu natti fakkaatta
Iyyitee yoo kaakkistu
Joobiras ni fakkaatta
Kaatee yeroo barristu...

Namatti hin dhiyaattu
Ni baqatta hin madaqxu
Yoo qorres,yoo dhaamotes
Mana barbaacha hin dhaqxu

Daggalakee ho'ifattee
Gammachuudhaan jiraatta
Waan waaqni nyaadhu jedhe
Hin dhabdu inuma nyaatta.

Abbaan arge akka lukkuu
Billaadhaan si ari'uu
Anuu siifan gammada
Yoo lafti kun bari'u.

4. Bineensummaa

Laguma waan jiraateef
Bineensa akkamiin jenna?
Kan mana jiraatummoo
Ulaagaa kamiin beekna?
Akkamittiin namummaa
Keenya mirkaneessina?
Maaliin bineensa,nama
Jennee ittiin odeessina?

Kan nama ittiin jedhame
Yuusee erga nu nyaatee
Gara laafummaan dhibee
Erga garaa jabaatee
Dhiiga keenya danfisee
Utuu jigsee lolaasuu
Korma nu qabna jennu
Kuffisee utuu kolaasuu

Akkamiin "nama" jenna
Jechuuf nutti hin ulfaatuu?
Isa nama jedhamaa
Foon ilma namaa nyaatu

Sababa nama jennuuf
Irraan dhabe barbaadee
Bineensa, nama miti
Gochasaa gaafan yaade.

5. Joobira

Akka allaattiiwwan kaanii
Naannoo raqaa hin marsitu
Ol fagaattee barrista
Dogoggortees hin kuftu

Urriidhaaf duumessa
Bokkaadhaaf qilleensa
Of jallatti hambistee
Garraa keessa oolta
Gofilaakeen barristee

Foon tortoree baduuf
Iyyitee hin caraantu
Warra akka gobocor
Mil'attee hin ilaaltu

Hin dhaabdu imalakee
Daandiikeerraa hin kaatu
Waan siin hin fakkaanne
Gad deebituu hin taatu.

6. Warra duuti Nyaatte

Eessarraa jalqabeen
Eessattan goolabaa?
Eenyuuf dhoksee himeen
Eenyutti lallaba?

Xiqqaakootiif guddaa
Wallaalaakoof hayyuu
Kottu jettee nyaatti
Hin quufne har'ayyuu.

Warra addunyaa kanaaf
Teessuma soofanii
Furmaataaf boqonnaa
Bareechan tolchani...

Biyyeetu isaan nyaate
Beela'ee hamuummatee
Jaalala fakkeessee
Sobee isaan dhungatee...

Isaan gubbaa teenye
Nu jala ciisanii
Warri addunyaa kanaaf
Dukkanashee ibsani...

Kan biyyeen kun nyaatte
'Qaalii' gita hin qabne
Kumootaan lakkoofna
Warra haqaaf dhabne.

Warra dacheen baatteef,
Warra duuti nyaatte
Walan jijjiiraaree?
Akkamiin qajeelchu?
Uumaan micciiraaree?

7. Awwaala Keessan Oola

Akka nama hojii qabuu
Nan ba'a barii lafaa
Deemee awwaalarra taa'een,
Of dagadheetan hafa.

Boolli sun eenyuun nyaate?
Eenyutu keessa jira?
Awwaalli inni jalaa
Inni fuulakoo duraa...

Haacaaluufaan ilaala
Awwaala sana keessa
Nan machaa'a,hin dhugne
Nan boo'a, na jaanjessa...

Namoota namaan olii
Heedduu isaanii argeera
"Maaloo na fudhaa" jedhees,
Achi deemuuf hawweera.

Kichuu meeqan ilaala
Deessuu garaatti baattu
Ijoollee kolfa hin quufne
Kubbaa hodhitee taphattu...

Hayyoota meeqan arga
Warra awwaalli isaan dhokse

"Hiq!" jedhee, imimmaankoo
Heedduus dhiiseetan obse...

Xiqqaa, guddaa
Beekaafi wallaalaa
Meeqa akka nyaatte
Siin beeka awwaalaa...

Ganama irra taa'een
Hundumaa lakkaa'a
Takka gadi taa'ee
Takka immoo nan ka'a...

Jireenyakoo gatee
Dhiiseera jiraachuu
Dhiqqee,babbareedee
Namatti mul'achuu...

Namattis hin himu
Ofiimakoon goola
Nagaa maalan qaba?
Awwaala keessan oola!

8. Lola Jaarsaaf Jaartii

Ati gidduu seentee
Balleessaa barbaaddaa
Abbaa badii bartee
Adabuudhaaf yaadda...

Jaarsa waliin teessee
Jaartiin badiin dhabdu
"Isheetu balleesse
"Ati badii hin qabdu"

Jettee,waa'ee jaartii
Jaarsatti hamattee
Nama badii gootee
Yoo badii itti murte...

Isaaniin si miti
Sireetu araarsa
Baay'ee keessa hin galiin
Lola jaartiif jaarsa!

9. Callisuu Namootaa

Hin dagatiin tasa
Waa lama beekkadhu
Dubbii arrabakeetii
Cimsiitii eeggadhu

Namoonni xixxiixan
Callisuu hin jaallanne
Warri dudubbatan
Cal jechuu hin barbaanne...

Uffata itti hin taane
Dirqiin uffatanii
Dubbii dubbii hin taane
Yeroo dubbatani...

Hunduu hayyuu miti
Waan odeesseef qofa
Kaan dhugaasaa waca
Walakkaansaa bofa.

Waanuma hin mul'anneef
Gaara uffatanii
Mul'achuu barbaadu
Hunda dubbatanii.

Hanga harree hanqatu
Gitasaa wallaalee
Cidha bultii deema
Obboleessa awwaalee...

Gaara duubatti arga
Agartuun dhalootaa
Wallaluma hin se'iin
Callisuu Namootaa.

10. Kormaakoo

Kormaa tokkon qaba
Kan mataan guuttiyyaa
Lafa barii geesse
Na dammaksuuf iyya

Yeroosaa eeggatee
Yeroo galee ba'u
Yeroo iyyuuf hiixatee
Hiddi mormaa ka'u

Geerarsa fakkaata
Malee iyya hin jedhu
Amala addaa qaba
Waan adda isa godhu.

Warri naannookoollee
Sagaleesaa beeku
Gurra as facaasanii
Iyya lukkuu eegu...

Yeroo akka tasaa
Dhaban sagaleesaa
Hunduu maaltu ta'eef?
Gurra nutti qeensa...

"Maal ta'e kormaankee
Sagaleesaa dhabnee
Aduun nutti baate
Of dagannee rafnee"

Jedhanii, gaafatu
Fuulleetti as ba'anii
Edaa isaan duruu
Hirribaa hin ka'ani....

Utuun siin qabaannee
Silaa hirribaa hin ka'uu
Namas hin jedhamu
Yoomuu nama hin ta'u.

Na biratti hin jibbiinaa
Na wajjiin jiraataa
Dhabe agabuu bulee
Yoo argate nyaataa...

Tikee dhugaa kootii
Waardiyyaa yerookoo
“Halbeedhaf ta'i" hin jedhiin,
Hin tuqiin kormakoo!

11. Tiksee Dhugaa

Eenyutu danda'ee
Tiksa ilmoo waaqaa?
Eenyu dhugaaf jedhee
Barbaacha isaa dhaqa?

Eenyutu danda'ee
Wajjiin daalachaa'a?
Eenyu mana dhiisee?
Wajjiin laga taa'a?

Eenyudha inni laata
Inni dhugaaf du'e?
Kan barbaacha dhugaa
Boolla meeqa bu'e?

Eenyutu danda'ee
Dhugaa caalchifata?
Maaltu quufa dhiisee
Beela'uu filata?

Fedhiikee to'attee
"Dhugaa malee" jettaa?
Gaaf tokko dhugaakeef,
Dhukkubsattee beektaa?

Moo...
Afaanuma qofaan
Boossee nu boossifta?
Hawwiidhuma ta'ee
Nuunis gororsiifta?

Achuma taa'iitii
Odeessi baduukee
Silaa lubbuun jirta
Nutti himi du'uukee...

"Badeera, ani hin jiru"
Jedhii himadhukaa
Nama biraa hin eegiin
Sima tikseen dhugaa!

12. Jecha dhugaa dhabne

Waan meeqa utuu ilaalluu
Ijumaan arginee
Ilaalaa achi ilaalaa
Callisnee darbine.

Tulluun gadi ciisnaan
Hunduu irra dhaabbatee
Gamanaa gamatti
Waamee wal gaafatee...

Daangaa ture silaa
Walitti hin darbinuu
Wal kabajna malee
Walis hin sarbinu...

Ana malee keenya
Yaada keenya okkoo
Waliif hin jallannu
Waan jaallanne tokko...

Urrii utuu ilaalluu
Rooba ta'ee bu'ee
Obboleessi keenya
Nu biratti du'ee...

Fiigicha duumessaa
Dheerina dukkanaa
Biiftuun baatu eessa?
Du'a gidduu kanaa...

Kan ittiin dubbannu
Afaan keenya ukkaamsee
Waan ittiin arginu
Ija keenya jaamsee...

Bakkuma tokkicha
Si'a meeqa cabnee
Barbaannee barbaannee
Jecha dhugaa dhabne.

13. Madaa Lafa Kanaa

Waan waaqni ilaalaa
Dadhabe murteessuu
Waan margi lafaa argee
Gadi qabee odeessu...
Waan akka tulluutti
Ol ba'ee mullatu
Dhugaa xiqqaaf guddaan
Afaansaan dubbatu...

Dhoksina jennaanis,
Waan dhokachuu dide
Waan jajallaan keenya
Baatee nutti fide...

Abbaa hubatee ilaaleef
Tafkiinuu ija qabdi
Ofiif cabdee hin beektu
Ormaaf sagal cabdi.

Akkamiin dhokate
Maalumaan golgame?
Lafeen lafa kanaa
Waan meeqaan qorqame.
Maaliif hin argamu
Hin argamiin bannaa?
Maaltu yaala laata
Madaa Lafa kanaa?

14. Du'a Har'aaf kaleessaa

Kaleessa dhukkubsannee
Dawaa barbaacha fiigne
Osoo of hin qusatiin,
Madoofnee itti dhiigne.

Abbaan ilmasaaf boo'ee
Awwaaluu hin dandeenye
Dhiiga irra lolaasaa
Daandii kanaan as geenye.

Waan hin ta'iin hin qabnu
Taaneerra hanga taanu
Abjuuf mul'ata qabna
As keessaas akka baanu...

Waanuma ofitti fuuneen
Dhumnee ittuu duuguugamnee
Akka fardaaf gaangootti
Dubbachuu luugamamne.

Ibidda awwaalanii
Daaraadha irri keessi
Gowwaan ibidda hin argu
Ho'ifattee irra teessi...

"Ani ibiddan" jedhaa
Isaan "daaraadha" jedhu
Bineensa mana gale
Nama naan jechuu fedhu.

Kaleessaan "du'a" jechaa
Har'aan "jireenya" jiru
Lafa lafeen qoqqoodaa
Gargar baasanii hiru.

Dhiiga miti fakkaata
Kobbeen halluu barreessa
Kun immoo nama nyaata
Du'a har'aaf kaleessaa.

15. Nama Kaayyoo

Dhagaa dugdatti baatee
Fiiga aara hin galfatu
Nan dadhabe hin jedhu
Qilleensa hin fudhatu.

Galmasaa qofa ilaala
Duubatti hin harkifatu
Baay'achuu rakkinaatiif,
Gad jedhee harka hin laatu.

Hamileesaa guutuudhaan,
Hanga dhumaa jiraata
Argatus nyaatee bula
Imaanaa guddaa baata.

Nama galaanni hin raafne
Kaayyoo'sa baheef beeku
Kan fedhiin hin gurgurre
Irbuu hin goototaa eegu

Daandiinkees haa dheeratu
Qabaatee bu'aa ba'ii
Atumti jabaadhuutii
Nama kaayyookee ta'i.

16. Fedhiikee

Utuu hin beekiin jaallattee
Utuu hin beekiin jibbitaa
Fedhiinkee yoo raafame
Maallaqarra si bita...

Qalbiin osoo hin murteessiin,
Miirakeen murteessitee
Sammuun osoo hin ilaaliin
Afaankeen odeessitee...

Garaankee murtii hin qabu
Raafamaadha keessikee
Hin jarjariin qalbiidhaan,
Hin gurguriin fedhiikee...

Mana dhugaatii baatee
Hin deemiin mana du'aa
Nama fedhiin gurgure
Boolla hin beekamne bu'a.

17. Ol Ba'ii Mulladhu!

Boolla keessa dhaabamtus
Hin dhokattu dandeessee
Afaaniif jechaan miti
Aarsaa guddaan as geesse.

Daandii ati irra dhufte
Bu'aa ba'iisaan beeka
Hin haftu achiin kuftee
Lubbuu qabsiiseen eega.

Huuba sitti rarra'u
Caalteetu liqimsita
Kan ibsaan hin ibsine
Hin shakku nuuf ibsita.

Utuu ati naaf jirtuu
Hin jiruu hin dubbadhu
Ammas dachaa dachaadhaan,
Ol ba'ii naaf mulladhu!

18. Geeraraa

Kan har'a qubni seene
Bor harka galchuuf jira
Intala qalbiin qeenxee
Garaanshee sagal bira

Ajjeesaan ajjeeseeraan,
Yoo saakuma qabaatee
Dabbassaa dhadhaan jiisee
Bishaan godhee dibate

"Karaanshee karaa miti
Daggalan duduuffisee
Mucaankee laaftuu miti
Gurree didaan kuffiise!"

Jedhee yeroo geeraru
Dhiirummaa geerarsiisa
Yaadaan fuudhee si deemee
Koomtoo sitti agarsiisa

19. Saree

Billaachi ofii hin uffattu
Dhagaatti uffisuuf joorti
Saree garaan hin rafu
Raqa barbaacha oolti

Tulluu sagaliin buutee
Malkaa meeqarra kuttee
Lafa 'shokokiin' jiruuf,
Arraba baastee duttee...

Kottee jalaan dafqitee
Sagal gogaashee urguftee
Cooma muratte hin qabdu
Raquma quuftee dhufte.

Harkarraa nyaattee dhugdee
Itti deebitee dutti
Sareen raqa barbaaddu
Cooma essaa fiddee kutti?

20. Waraana Nageenyaa

Galma barbaacha malee
Durgoo barbaacha hin jooru
Haqa dhidhiibuuf malee
Daangaa dhiibuuf hin lolu
Galmasaa bira ga'uuf
Deema dhiiga firfirsaa
Giddu gala dhugaati
Caasaa haqaa diriirsa

Gamoo ijaarrachuudhaaf,
Manaa hin baane kakatee
Fedhiif mo'amee miti
Duuba hin jedhu rakkatee...
Bishaan abdiisaa dhuga
Nyaata kaayyoo soorata
Qawwee dirate miti
Imaanaa dhiigaa baata

Lafee gubbaa yaabbatee
Dhugee,quufee hin ragadu
Waaqa meeqaaf bitamee
Jilbeenfatee hin 'sagadu'
Tikee uleen qajeelaa
Biiftuu dacheef fakkeenyaa
Imalakee adda hin kutiin,
Yaa Waraana Nageenyaa...

21. Gaararummaa

Sanyiin bishaan hin qabne
Akkamiin baatee quuqxi?
Qalqalli jalaan yaaftu
Akkam yoo naqan guutti?

Cinaaf jalaan urattee
Icciitii firfirsitii
Dawoof gaaddidduu hin qabdu
Garaashee diriirsiti.

Itti himtu, itti hin goru
Gurra dhageettii hin qabdu
Ofiif jecha filatti
Namaan waan jettu hin dhabdu.

Sanyii callaa galfattee
Ingirdaada siif laatti
Galaa seenaashee nyaattee
Buddeen tortoraa baatti.

Aannan waraabdee dhugdee
Bishaan sitti daldaltii
Ilkaaniin sitti kolfaa
Garaadhaan sitti malti.

22. Itti Fafakkaata

"Nan du'e maalan jira?
Sagalan kufee ka'ee
Nama keessaa gad deebii
Hangafa sareen ta'e"

Jedhee ofitti raaja
Gowwaan abshaala of se'u
Daldalaan ganna kuusee
Bona 'soogidda' hin fe'u.

Gogaadhaan mana ijaaree
Saree mana eegsisaa
Barcuma of jalaa dhiitee
Dhoqqeerra of teessisa.

Corroqaan "garba" jedhee,
Garba barbaacha ba'aa
Gowwaan abshaala of godhee
Booda kan kolfaa ta'a.

Bishaan qilleensaaf qeensee
Dhaba galata hojiisaa
Dhumarra harka maratee
Abdii kutatee ciisa.

23. Atumti Deemi Malee...

Hanga lafti bari'u
Hin eegiin ifa lafaa
Sareef gowwaa qofatu
Obboroo,barii rafa

Asuma tureen eega
Hin deemu asii ka'ee
Yoo dhufe asumatti
Hin jooru manaa ba'ee...

Hin jedhiin abbaa kaayyoo
Atumti deemi malee
Si gargaara waaqayyo!

24. Ka'ee'tan Du'ee Gala

Waan dachee kana gubbaa
Dhabdus ijaan ilaaltee
Galgala yoo siin eegne
Waan ganama facaafte...
Mana keessee gad baatee
Ol deebitee yoo dhabde
Biqiltuu harkaan guddiste
Akka malee yoo cabde...

Jaartiin manaa si gooltee
Yokaan jaarsi si goolee
Bineensi guddaa addunyaa
Utuu ka'ee si lolee...
Waan waaqatti kenniteef
Karaa ilaalaa haftee
Galchuu yeroo dadhabdu
Horiikee manaa baafte...

Ilbiisa amma qubaa
Bookee sodaattee kaatee
Handariinkee dallantee
Barristee manaa baatee...
Waan har'aakee hadheeffattee
Arguuf jibbitee dhala
Ofiin hin jettuu laata?
Ka'eetan du'ee gala.

25. Giddu Gala Dhugaa

Asiif achiin ariinaan,
Dhugaan sitti dheessitee
Eessa, hin bulle nuti...?
Bakka isheen nu bulchite?
Ati jiraadhu malee
Fagoos taatu dhiheenya
Bakka ati jirtu hin hafnu
Oollee,bullus ni geenya.

Hunduu funyaan qabatee
Yeroo si yakkuuf ka'u
Murtii hin malle dabarsuuf,
Yeroo walga'ii taa'u...
Dhiibamtee, dhidhiibamtee
Erga fixattee obsa
Hunduu baaluma ciree
Fuula dhugaakee dhoksa...

Teessoof walgeettii keetu
Jira kan si danda'ee
Warra lapheetti baatee
Gaaraaf laga siin ba'e...
Isin teessoo dhugaati
Warra hundaa danda'u
Isa kakatee fuudhee
Kakuusaa galmaan ga'u

26. Teessoo Dhugaa

Gamoo sooressaa keessa
Jirta seenee gaafannee
Achi keessaa si dhabnaan,
Ofii keenyaa rifanne

Ati edaa mana hin qabdu,
Gandaan nama hin ciccirtu
Rakkinni meeqa dhufus
Bifa qabdu hin jijjiirtu

Warra maddiin goggogee
Jiraaf du'aa yaadda'u
Warra abdiin dheeratee
Galma barbaadu ga'u...

Isaan keessa teessoonkee
Galmi guddaa si baatu
Yoomiyyuu waliin dhooftuuf,
Daandii daldalaa hin taatu

27. Jaalala

Rasaasa hamaa addunyaan
Sagaleesaa hin dhageenye
Inni gidduudhaa dhibnaan
Kan hundi galma hin geenye...

Oolmaaf bultii keenyatti
Inni simboo rarraasu
Warra waliin kufani
Kan qabee lafaa kaasu...

Kan namni ittiin bitamu
Maallaqa bakka bu'ee
Utuu ragaa ba'anii
Warri jaalalaaf du'e...

Kan didaa bishaan godhee
Harkasaa kennachiisu
Kan bineensa madaksee
Nu waliin jiraachisu...

Kan durba ittiin sobanii
Godhan dubartii caaltuu
Icciitii duuba jiru
Jaalala maaf wallaaltu?

Waan ati hin goone hin jiru
Goote waan hin yaadamne
Kan akkakee jaalalaa
Hanga yoonaa hin argamne.

Qe'ee jaalalli hin jirre
Dubartiin mana hin teessu
Dhiirri gandarra joora
Ijoolleen siin dhageessu.

Mana jaalalli hin jirre
Hundatu seenee diigaa
Dhoqqeen cidii hin qabatu
Gargar baba'uuf fiiga...

Warra jaalalaaf du'e
Biyyeen nyaate haa lakkaa'u
Utubaan mana keenyaa
Jaalalaan haa hundaa'u!

28. Walii Galtee

Tokko yeroo waamu
Tokko dhaggeeffatee
Tokko yoo dubbatu
Tokko qalbeeffatee
Tokko yeroo iyyu
Tokko kolfuu dhiisee
Tokko yeroo ka'u
Tokko gadi ciisee...
Abbaan dinnicha binnaan,
Ijoolleen dhaddee bittee
Irbaata mucaaf taa'e
Sareen bantee yoo fixxe...

Tokko hojiif onnatee
Tokko yeroo rincicu
Tokko meeqa uffatee
Tokko baasee yoo miicu
Kaan gabaa ba'uuf deema
Waan gurguru fe'atee
Kaan immoo galuuf deema
Ko'umasaa ariifatee...
Eessaan bitee daldala?
Waliinoo ba'ee hin gallee
Gargar deemuun hin taane
Warra tokkoof hin malle.

Mana boo'ichaa deemtee

Geerarsa dhaggeeffatta
Reeffi utuu mana ciisuu
Gammachuu dabarfatta.

Manuma tokko keessaa
Qophii sagal qopheessu
Warri afaan tokko beekan,
Afaan sadii odeessu...

Niitiin abbaa warraatiif
Tole jettee hin owwaattu
Abbaan warraas niitiidhaaf,
Waan isheen feete hin laatu.

Tokko hordee yoo dhaabu
Tokko jigsee facaasaa
Tokko kununsuuf joora
Tokko diigee mancaasa...

Asumaa achi ilaaltee
Ni beekta qe'ee tokkummaa
Qunceen arba kuffisti
Waan jedhan sun dhuguma.

Gaara hin jirre hin yaabiinaa
Nagaan Jaalala dhaltee
Qabeenya yoo dhabdeyyuu,
Hin dhabiin Walii galtee!

29. Naan Se'iin of Jaallataa

Jireenyan keessa jiru
Utuu ilaaltuu-argituu
Yaaddoon waliin jiraadhu
Lafa dhiitee-bariitu...

Gurmuukootti rakkina
Garaakootti xiiqa'ee
Onneen dhiirummaakootii,
Na bokokee iita'ee...

Ilkaanumakoo argitee
Naan se'iin of jaallataa
Namni ibidda qixxee
Abdii qabuun jiraata.

Jiruukee buta jedheen
Hin dandeenye siif butuu
Mana abdiin keessaa ba'e
Qabeenyi kamuu hin guutu.

Ofiikootti murteesseen,
Fudhee dirqama meeqa
Maal keessa akkan jiraadhu
Ana qofaatu beeka.

Achumaa as ilaaltee
Hin se'iin of jaallataa
Namni kaayyoof jiraatu
Utuu rafuu birrata.

Gaafan dubbiikee mara
Dhiise moggaatti dhiibee
Ibidda ati qabsiifte
Haa bulu jedhee dibe...

Sittuu fakkaadheen jira
Diinakee isa maraatuu
Waanuma waaqni jedhe
Bishaanuu waraabbatu.

30. Olaantummaa Qawwee

Olaantummaan uummataa
Dhiibamee qarqaratti
Biyyi kaadhimaa badii
Afaaan qawween dhaadatti.
Taankiif jettii kadhatee
Kan lolatti bobbaasu
Kan nagaa lafa kaa'ee
Sibiila lafaa kaasu...

Saba gaaffii mirgasaa
Gaafatee deebii dhabe
Mirgi namummaa keetii
Erga karaarraa dabee...
Erga garaan namummaa
Daandii gubbaarra jooree
Namni aangoon qaba jedhee
Uummata bal'aa lole...

Jireenya nutti himaa
Kiyyoo du'aa awwaalu
Ilmi gudeedaa garuu
Kaayyoo abbaasaa hin wallaalu.

Warri addunyaa kanarraa
Waan hundaan kabajame
Warra qawwee hidhatee
Tokkoomee ijaarame.

31. Maal ta'inna Laata?

Kaleessi dheeratee
Har'is deemuu didee
Nuun barre- nuun beekne
Warra yeroon fide.

Waaqni inni kaleessa
Nu oolche manatti
Har'as isa qabna
Nuun gatu lagatti.

Bowwaa keessa ciisee
Cirracha lakkaa'aa
Waaqni hin fudhanne
Qabeenyaaf mattaa'aa...

Gaara gubbaa ba'ee
Fuulleetti isa ilaalaa
Utuun gadi hin taa'iin
Asiif achi utaalaa...

Dukkanattis galee
Ifas arguun hafee
Utuu naan qabatiin
Kabajakeef rafee...

Galgalli yoo dhufu
Manatti ol deebinee
Barii lafaas eegnee
Fakkaannaan gad baanee...

Kabaja uumaadhaaf,
Eegnee hunda Safuu
Dhihus ni bari'a
Akkasitti hin hafu.

Har'a nuun wal waaduu
Taaneef jirra nyaata
Guyyaan borii kun
Maal ta'inna Laata?

32. Biiftuu

Kan mullatuuf baate
Dhokataa hin ilaaltu
Tulluu asiin malee
Tulluu achi hin argitu

Duumessi yoo dhufu
Bakkakee dagattee
Dukkana cillimaa
Roobaatti nu gatte

Hundaaf qixa hin baatu
Lafa wal caalchifta
Ofiikee baqattee
Rooba nu dhaansifta

Si arganne jennee
Yeroo itti gammannu
Yeroo barbaannutti
Nuti siin argannu

Yoo ofiikee feetu
Malee lixxee hin baatu
Yeroo rakkoof muddamaa
Ati wabii nuun taatu

Komiin sirraa qaba
Siin eeggadhu taa'ee
Ati naan barbaaddu
Siin barbaada ka'ee...

"Ifta" jedhan, malee
Dhugaan nuuf hin iftu
Nama wal caalchifta
Siin komadha biiftu

33. Yaa Dachee

Hunduma dandeessa
Waan hundumaa taatee
Warra teessoon hin baanne
Situ danda'ee baate

Obsikee hin madaalamu
Hin jettu, narraa bu'aa
Fayyaan sirra garmaama
Ofirraa hin gattu du'aa...

Isa finni hin dandeenye
Fayyaaf du'aan wal gatu
Natti ulfaatte,osoo hin jedhiin,
Dache, sidha kan baatu...

Haadhoon wajjiin dhalate
Manaa baasee wal gataa
Firaaf alagaa hin jettu
Hundumaa situ baata

Maqaakeen beela oolla
Loon horree sirra yaasnee
Handhuurakee walakkaa
Qonnee albuuda baafne...

Warqii nama bareeche
Ilkaaniif qubarratti
Qilleensa keessaa miti
Kun hundi dacheerraati

Amma "ga'a" waan jettu,
Dache, natti fakkaatte
Oromoo "hin baadhu" jettee
Afaan buletti nyaatte

Nutti himi afaanii baasii
Afaan keessa qabattaa?
Waan siif ta'u balfitee
Warra siif ta'u nyaatta

Si qabna osoo siin jennuu
Nu salphisuuf maaf fiigdaa?
Nu danda'i, yaa dachee
Sabakoo maaliif diigda?

34. Dhugaa Ifa Biiftuu

Seenaa addaatee ifu
Balleessuuf hin yaaliinaa
Warqee caccabee hin banne
Dhugaa namaa hin haaliinaa

"Badeera burkutaa'ee
Dhufaatiisaa hin yaadiinaa
Dhukkuba dur manca'een
Ciistan har'a hin aadiinaa..."

Jedhamee nutti himamee
Dhugaan manca'uu mitii
Gaaf tokko hin dhukkubsatu
Ibidda keessa bula
Bobeessanuu hin gubatu

Tulluun hin godaanu
Amalli siin dhiiftu
Akkamiin awwaalu?
Dhugaa ifa biiftuu!.

35. Mana Hin bultu

Harreen abbaashee hin beektu
Farda abbaasaa gaafatti
Dubarri nyaara haaddatte
Qullaa gabaa dhaabbatti

Kan asiif achiin ariitee
Sagal qabdee gadhiiftu
Dubartiin ala barte
Ol galtee mana hin ciiftu

Mana'tu itti mullata
Hallayyaa qilee ta'ee
"Tole" jettee hin jiraattu
Utuu kan du'e ka'ee

Dubbiif fiigicha hin dhumne
Jiraachuuf gangalatti
Utuu lama dhalannee
Durbi sagal dhalatti

36. Du'a Jalli Jireenya

Jireenyakee guutummaa
Haqaaf seenaaf jiraattee
Siidaa si faarsaa hafu
Ogummaakeen yoo ijaarte,

Dhaloonni boodaa ilaalee
Waan jabaarraa dubbisa
Haqaaf hojjetan darbuun
Seenaa hin duune hambisa!

Dachee kana gubaatti
Waa keessee yoo godaante
Gaaddisa jala teessee
Mana seenaa yoo ijaarte

As buttee of jalatti
Yoo argite fageenyaa
Duutus duute hin jedhamtu
Du'a jalli jireenyaa!

37. Agartuu

Coomaaf raqa adda baasee
Kan garaa filachiisu
Daandii ta'uuf hubatee
Kan miilla imalchiisu...

Waan hundaa fafakeessee
Kan gaariitti qixxeessu
Hundumaa kan dharra'u
Garaakee kan xureessu...

Jalqaba kan ilaalee
Qalbiis godhu maraatuu
Waan ijikee hin agarreef
Dhukkubsataa itti hin taatu.

38. Murannoo

Dhagaarra kan ulfaatu
Imaanaa meeqa baadhee
Summiirraa kan hadhaa'u
Waan hin nyaatamne nyaadhee...

Jireenya nuffisiisaa
Waan abdii kutachiisu
Gufuun buqqa'ee hin dhumne
Daandiikoo gufachiisu...

Karaakee duukaan jira
Faana gootaa hin jijjiirre
Bu'aa ba'iin baay'ate
Keessakoo naan micciirre

Du'a guddaa godhanii
Ittiin nutti dhaadatuu
Namni farda hin bitanne
Kooraa duwwaa hin yaabbatu

Ofirratti murteesseen
Dide gammachuu meeqa
Har'i kun yaa'ee darba
Boorkoo sirriittan beeka!

39. Waa'eekoo

Bakkan jiru yoon beeke
Bakkan ka'ee hin dagadhuu
Waa'eekoof of wallaalee
Nama biraa hin gaafadhu

Bishaan tulluu jalaatii
Taliila ta'ee burqaa
Cabbiin dhakaa'ee bu'ee
Bishaan ta'ee ol hurka...

Duumessis wal ukkaamsee
Bakakkaaf rooba ta'aa
Itittuunis raafamee
Baaduuf dhadhaatti ba'a...

Hunduu walitti dhufee
Of gidduutii humna baasaa
Qilleensi hin argamneyyuu
Muka gurguddaa raasa.

40. Wal beekna

Fageenya samiif lafaa
Osoo narraa fagaattee
"Hin jirtu" siin jedhanii
Ormaaf raqa fakkaatee...

Anaaf ati tulluudha
Tulluu hunda hin dhokkanne
Waanan jedhuufan qaba
Waa malee siin abdanne!

Ormi funyaan qabatee
Fuulleetti si baqataa
Inni kaan dhoqqee miilaa
Ol fuudhee sitti haqata.

Namaaf daalachooftuukoo
Kan maqaan kee itti ajaa'u
Addunyaankoo inni dhugaa
Si malee naan mijaa'u!

Lafa jalaan haata'u
Galma tokkoof wal eegna
"Wal hin beektan" nuun jedhu,
Bareechinee wal beekna!

41. Nu lamaan

Bifa keenyaan ilaaltee
Nuun qoqqoodiin lamatti
Kan agartee hin amanne
Waan dhaggeesseetti amanti

Looga keenyaan calaltee
Nuun kaa'iin gargar baastee
Qola gatamu keessaa
Lukkuu'nuu cuucii yaaste

Gargar baba'uu lafaan
Lafee gargar facaastaa?
Eenyuun adda fageessuuf,
Ija hin jirre babaasta?

Kan abbaaf haati tokkoo
Akkamiin adda ta'uu?
Ija qalbiin yoo ilaalan
Bishaan gargar hin ba'u!

42. Galata

Beeloftee beela baatee
Maaliif midhaan himattaa?
Dheebottee dheebuu beektee
Maaliif bishaan himattaa?

Namni galata hin beekne
Hiixatee sitti tufaa
Waan alatti jibbantu
Arreedee mana dhufa.

Erga tilmaamtee hin beeknee
Gatii jaalalli baasu
Warri gatii itti baaste
Harree gad sitti yaasu!

Gatiin qajeelummaakoo
Erga ta'ee jallina
Kabajakoon deeffadha
Hin barbaadu salphina!

43. Gatii Jaalalli Baasu

Inni wallagaa duunaan
Arsiin boo'icha taa'u
Inni Harargees madoofnaan,
Gujiin faana madaa'u...

Kan Jimmi shawaa dhaqee
Gaddas,gammachuuf waamu
Kan Wallaggi dhaamsasaa
Walloof barreessee dhaamu...

Eebba Booranni eebbise
Horroon irraa fudhatee
Dhadhaa Salaalee dhufuun
Shaggar mataa dibate...

Dhagaarratti ijaaranii
Mana citaa tuffatuu
Jaalalli shakkiin hin qabu
Furrii wajjiin dhungatu!

Hundumtuu gatii qaba
Gatii ittiin tilmaamamuu
Kan jaalalaa addatti
Maallaqaan hin himamu

Lubbuu tokkittii kennee
Jireenyasaa qabsiisee
Miindaaf maallaqa miti
Jaalalatu barsiise.

Hundumtuu shallagamee
Ulfaatina inni kaasu
Kana jedhee hin himamu
Gatii Jaalalli baasu!

44. Obsa

Gaafan kufee- achii ka'u
Gaafan bulee- galma ga'u

Bishaan dhugee- yoon machaa'u
Gaafan abjuun waa lakkaa'u

Barruun miilaa na tarsa'ee
Gaafa dirreen tabba ta'e

Kaayyoof qofan jilbeenfadha
Mudhii hidheen-jabeeffadha!

45. Waan Siin Jedhan

Quba walitti qabnee
Waliif maqaa moggaasaa
Jechoota osoo hin filatiin
Maqaa walitti baasaa

Uffata dheeraa uffatee
Yokaan immoo gabaabduu
Waan barbaadde yoo taate
Arrabni jecha hin dhabdu.

Gaafa waan jedhan dhaban
Bifakeen arrabsamaa
Gaarii feetes hojjettu
Namootaan abaaramaa...

Ishee heerumtee baate
Namicha fuudhee hiike
Ishee maraatuu taate
Namicha mana diige...

Isa fuulli luqqa'aa
Kan arrabnishee dheeraa
Kan ilkaasaa buqqa'aa
Akka akkookootii beera...

Ishee hunduma waliin
Bakka hunda qabdoo teessu
Ishee guddoo amma manaa
Hanga arba dhalaa geessu...

Namicha fuudhee hin teenye
Durba sagal ari'u
Isa utuu inni shuubbisuu
Dukkanni itti bari'u...

Inni siin jechuu fedhu
Jechoota dhabee hin beeku
Daandiirra yoon dhaabadhes,
Nan beeka waanin eegu!

46. Si Malee...

Bifakee waaqaaf dhiiseen,
Amalakeen dubbadhaa
Halkanis guyyaas ciiseen
Yaadee yaadaan gubadha.

Siin hawwa siin argadhu
Nan fiiga sirra hin ga'u
Takka takka hawwiinis
Fagoodha-bira hin ga'u.

Maqaakee waanan dha'uuf
Yakka meeqaan dhaanamee
Galmee naaf hin malletti
Galma'ee itti waamamee...

Maqaan hin moggaafanne
Moggaasan na waamanii
Bakkan dhaabbadhee hin beekne
Geessanii na dhaabanii...

Gatiittiinkoo bal'aadha
Kana hundaa danda'ee
Madaa ogeessi hin yaalle
Heedduun beeka madaa'ee...

Siif nan ta'a waan hundaa
Dadhabbiikoo hin himadhu
Yoo ati jiraatte malee
Anis tasa hin jiraadhu.

Sirraa hin kutadhu abdii
Gidiraanis baay'atu
Namni qilleensa malee
Lubbuudhaan hin jiraatu.

47. Xurii Seenaa

Waan bineensi si godhe
Bineensatti himattaarree?
Harka seenaan xureesse
Bishaan dhiqee baasaaree?
Guyyaatti torbas dhiqxu
Hin ba'u xuriin dhiigaa
Jireenyakee facaasee
Mana sirratti diiga!

Ilmaankeetu si jibbee
Sirraa ba'ee jiraata
Coomaaf gaariikee dhiisee
Daggala lagaa nyaata.

Hundumtuu sirraa maqa
Karaa sirraa jallisee
Kaan miillaan sirraa dheessa
Kaan koochoosaan barrisee...
Dacheen kun sirraa fiiga
Siif hin mijaa'u haalli
Hunduu sitti hadhaa'a
Sitti hin minyaa'u nyaanni.

Dhumarra qofaa haftee
Taata irbaata rakkinaa
Halkanis guyyaas rafte
Jireenyikee salphina!

48. Waan Hin Oolle

Simbirri koochoo malee
Eessaa fidatti gaafa?
Samii keessa barristus,
Duunaan reeffishee lafa.

Waan hin oolle boor iftaan
Har'a fakkaachuu didaa
Waaqni har'a duumessaa'e
Boor immoo rooba fida.

Halkan dukkanni kuni
Waan bari'u hin fakkaatu
Lubbuu waaqni hin kennine
Bineensi lagaa hin nyaatu.

Of jalatti hin ilaaliin
Fuulleetti argi fageessii
Bakka gaariin baay'atu
Gadheenis jirtii dheessi.

49. Walumatti Waamamna

Dafqikee dhiigakooti
Miillikees miillakooti
Kaayyoon kees kaayyookooti
Inni siif godaannisaa
Anaafis godaannisa

Madaan handhuurakeetii
Anaanis handhuurarra
Walumatti nu jibbu
Nu lamaan wal mararra

Bishaan walakkaa rafee
Dheebuun afaan hin gogdu
Jireenya keenya hin jirre
Jirra jettee naan sobdu.

Walumatti gatamnee
Walumaan barbaadamna
Waliin bilisa baanee
Walumaanis yakkamna.

Isa ati dheebottu
Anis dheebuun himadha
Isa ati beelftu
Anis beelan jiraadha

Siin gootatti waamanii
Naan hin jedhan dabeessa
Xuriinkoo xuriikeeti,
Walitti nu xureessa.

Hiddakee yoo murani
Hundeekootu raafamaa
Maqaankoo inni gaariin
Maqaakeetti waamama.

50. Fedhakee Lafa Kaa'i

Afaan keenya hidhamnaan,
Afaan namaan dubbanna
Ibidda ormaarraa hafnaan,
Bishaan keenyaan gubanna
Siifan beeka,ati hin beektuu
Doloolloon si ceesisa
Siifan daaka, ati hin daaktu...
Galmakoon si geessisa

Waanan jedhe nyaatteetu
Waanan hin jenne dhiista
Bakka feete dhiisteetu
Bakkan siif jedhe ciista
Filannoonkee anaa haata'u
Fedhiikeen hin murteessiin
Afaankoo kankee haata'u
Waan barbaadde hin odeessiin.

Jireenya mataakeetii
Filattee akkam jiraatta?
Waan dandeessu dhiifteetu
Waanan danda'u baatta.

Sombakootiin argani
Afuurakoon jiraadhu
Fedhakee lafa kaa'ii
Filannookoo filadhu!

51. Dhaloonni Deebii Qaba

Waanuma lubbuun jirruuf
Qofa hin jiraannu nyaannee
Dirqama guddaa qabna
Kaayyoo dhalootaa baanne

Isa kaleessa fuune
Haqa waamnee kakannee
Karaarratti akka hin duune
Nama hin taanetti laannee...
Waan dandeenyuun ijaarree
Keessa wal jiraachifna
Waan qabnu waliif laannee
Gargaarree wal nyaachifna.

Addunyaan ni diigamti
Gamnatu ijaaree kabaa
Hin danda'amu hin jedhiin
Dhaloonni deebii qaba.

Diigdee gargar babaastee
Lafa qabdu akka hin dhabne
Addunyaan kun killeedha
Si harkatti akka hin cabne.
Akkuma ilmi abbaasaan
Maqaan ba'ee mogga'uu
Biyyis dhaloota malee
Guddatus eessa hin ga'u.

52. Kan kee taanaan

Bishaan kan namaaf kaa'e
Qabanii waraabbatuu
Utuu gad jechuu baatee
Gaalli fe'isa hin baatu.
Rirmi karaa waan dhabeef,
Addaan hin kutu deemsa
Galmakee ga'uu feenaan
Karaan kamuu si geessa.

Lagni siin dhorku guutee
Dallaan kamuu ijaaramee
Galgala ni ga'ama
Ganamaan yoo ka'ame.
Qocaanuu suuta deemteef
Yoom galmashee shakkite?
Abdii hin kunne jabaattee
Mootee bira darbite

Utuu deemsa hin eegaliin
Hin tarreessiin sababa
Yoo kan kee hin taane ta'e
Mana dhufee si dhaba

Kan kee taanaan keetuma
Oolee bulee si eega
Korma dallaasaa guute
Namni akkamitti deega?

53. Dhaala Abbaakeerraa Fuute

Dhaala abbaakeerraa fuute
Gadi baastee gurgurtaa
Mana inni si dhaalchise
Keessaa baatee ala bultaa?

Mana qilleensi diigee
Mancaasuu ni danda'aa
Imimmaan imaanaasaa
Akkam goota-akkam ta'a?

Isa inni gaafa laafu
Harkaan ofitti waamee
Gurrakeetti hasaasee
Dhaamsa isaa dhumaa dhaame

Waan baatee har'aan ga'e
Lakkaa'ee sitti kennee
"Hin nyaatiin-hin sharafiin"
Jabaadhu-siin hin jennee?

Har'a boosseefii awwaaltee
Bultee akkamiin dagattaa?
Waadaa irraa fudhatte
Akkam gurgurtee nyaatta?

Kaayyoon akkam bututa
Akkamittiin diigamaa?
Boolla keessa buufamee
Akkamiin awwaalama?

Ilmi silaas waan sadii
Hundi akka garaa hin ta'uu
Inni kaan ollaasaatti
Malee abbasaatti hin ba'u.

Waan abbaankee siin jedhu
Yeroo maraa siif himu
Akkam gootee dagatta
Dagachuun sitti hin cimuu?

Siluma fuudhuu dhiisi
Harkaa fuutee hanga nyaattu
Harreen hireedhaaf malee
Kaayyoodhaaf ba'aa hin baattu.

54. Haadha

Haadha jechuun cinaacha
Kan ittiin ciiftee kaatu
Haadha jechuun biiftuudha
Kan ittiin manaa baatu.

Si malee seen duubeenkoo
Hin jiru naaf hin ifu
Namni ati harka qabde
Yoomillee kufee hin hafu.

Jiidhaaf milki qabeessa
Naaf diriira harkikee
Anaaf addunyaa caala
Ilaalchonni miirakee...

Kofaltee- eebbistee
Yoo na geggeessitu
Hamilee naaf taatee
Yoo na jabeessitu...

Kan si jala jiru
Roobaan hin yaadda'u
Dibaabee hundaati
Yaadaan hin madaa'u.

55. Oromummaa

Maqaa dhugaa keenya
Kan ittiin owwaannu
Kan ittiin dubbannee
Kan ittiin wal waamnu...

Kan ittiin jibbamnee
Ittiin jaallatamnu
Kan yakkamaas taanee
Ittiin gaafatamnu...

Kan ittiin cubbamnu
Diina namaa taanee
Kan ittiin hidhamaa
Hidhaas ittiin baane...

Boolla meeqa gallee
Ittiin awwaalamne
Kan ittiin jiraannee
Ittiin ukkaamamne...

Hamaafis gaariifis
Walitti jiraanna
Oromummaa keenyaan,
Wal waamnee owwaanna!

56. Raafamaa

Fiigaan abdii hin kutatu
Jarjaraan warqee cabsaa
Ta'innaa kan dubbatu
Dhugaa qulqulluu dabsa

Isa kaan bifaan kuulee
Qalbii fudhata keessaa
Kan abjuu tokko hin qabne
Abjuu kudhan barreessa

Booka kennituuf dhiisee
Bishaan lagaa kadhataa
Kan abbaan fedhe ergatu
Abbaa kudhan himata

Sagal gurgurameetu
Gatii baase wallaala
Inni akkasii kokkolfaa
Haadha sagal awwaala.

57. Eenyummaa

Kan bara ijisaa jirtuu
Jaamaan odeessaa hafaa
Gowwaan manasaa gubee
Itti naanna'ee kolfa.

Waan taane walumaani
Walumatti nuun jedhuu
Kan garaan fira hin godhiin
Kadhannaan fira hin godhu.

Dirqamaan wal kadhannee
Waliif hin laannu eenyummaa
Dhiiga qofa hin ilaaliin
Ibsituu oromummaa!

Lafeen yoo lafee ta'e
Qofa ittiin waamamaa
Yokaan wallaalameetu
Maqaasaa gaafatama.

58. Afaan Hunda dhungatu

Afaan oduu yoo bare
Muka gogaatti asaasaa
Kan jiru of harkaa gatee
Kan du'e boollaa kaasa.

Hundatu firasaati
Ilkaan adiin fakkeessa
Sanyii gumbiitti ol taa'e
Faffacaasee balleessa.

Bishaan dhagaarra utaaluun,
Beekeeti akka hin cabne
Inni qilleensa ari'us
Ni beeka akka hin qabne.

Kan yaada meeqaaf hiree
Tokkicha shan dubbatuu
Baruma baraan hawwa
Dhalchee baatee hin dhungatu!

59. Harka Lafeesaa Daake

Mana abbaan ofii gube
Ollaan yaa'ee qaammata
Nama nagaa hin qabnetu
Nagaa nama gaafata.

Waansaa sagal odeessu
Hin beekkattu,hin dhaga'u
Of waraanee hin argu
Ofittis hin madaa'u.

Namatti quba qabee
Qaawwa namaa agarsiisaa
Sanyii eeleetti akaa'ee
Baaburatti daaksisa.

Kitaabota kanaan dura barreessichaan barreeffamana

1. **WARAANSA LAFEE**

(Asoosama gabaabaa bara 2012)

2. **HIDHAA HINHIIKAMNE**

(Asoosama Dheeraa bara 2016)

3. **LAFEE LAFAAF CABE**

Kuusaa Walaloo 2017)